COVID-19 ilaalchisee jijjiiramoota hawwaasa baqattootaa fi jiraattota biyya alaatii dhufan tuqan

Namni COVID-19n qabame kam iyyuu haala jiraattummaa fi maallaqa ittiin yaalamu dhabuu isaatiin utuu hin daangeffamin mana yaalaa deemee yaala argachuu qaba. Namni magaalaa Seenti Pool keessa jiraatu kam iyyuu sadarkaa lammummaa isaatii irraatti utuu hin hunda'in yoo dhukkubsate yaala argachuun barbaachisaadha.

Dhiyeenya kana "public charge rule" ilaalchisee jijjiiramni godhame namootni Kanaan dura mootummaa irraa fayidaa adda addaa argachaa turan heyyama jiraattummaa ykn visa argachuun isaaniif ulfaataa akka ta'u taasiseera. Akkasumas, sochiin ICE hawwaasa keessatti raawwiin isaa jabaachuun akka hawwaasni alaa dhufanii as jiraatanii fi baqattootni wal'aansa fayyaa argachuudhaaf mana yaalaa hin deemneef hamilee isaan dhowwateera.

Haa ta'u malee, hawwaasni keenya biyya alaatii dhufanii fi baqattootni magaalaa Seenti Pool keessa jiraatan isaan kana beekuun barbaachisaadha:

1. **Kaffaltii Hawwaasaa:** Tajaajilli lammummaa fi jiraattota biyya alaatii dhufanii kan Yuunaayitid Steets (USCIS) **COVID-19 ilaalchisee qorannaa, wal'aansa ykn dursanii ittisuuf (talaallii, yoo talaalliin jiraate)** yoomallee tajaajilli kanneen karaa fayidaa mootummaa kamiin illee dhiyaate ykn kaffalame iyyuu, **akka kaffaltii hawwaasaatti kan lakkaa'u hin ta'u.**" ilaali: USCIS announced
2. **Raawwii ICE:** gaafa Bitootessa 18, ICEn akka beeksisetti "yeroodhaaf akkaataa raawwii isaatii fooyyessuudhaan" wantota fayyummaa hawwaasaairra balaa geessisuu danda'anii fi yakka gurguddoo irratti kan xiyyeeffatu ta'a. Warra kaan ilaalchisee ejensiin kun "hanga rakkoon kun darbutti ykn hidhaa ilaalchisee hanga filannoo biraan dhiyaatutti raawwii tarkaanfii fudhachuu ni tursa." Akkasumas ICEn "seera iddoowwan murteessoo ta'anii ilaalchisee, yeroo COVID-19 kana keessa **naannoo hospitaalotaatti, waajjira doktorootaatti, Kilinikoota fayyaatti "yoo haala gar malee adda ta'e irraa kan hafe" nama tokko illee hidhuudhaaf hin qabu.**

Jijjiirama biroo jiraattota alaa dhufanii/COVID-19 ilaalchisee

3. **ICE**n bilbilaan malee namoota qaamaan gara waajjira isaa isa Seenti Pooliin dhufan keessummeessuu dhaabeera—Namootni qaamaan dhufuun irraa eegamu warra kaffaltii boondii raawwachuu barbaadan qofa. Odeeffannoo dabalataatiif waajjira Seenti Pooliif bilbilaa: (612) 843-8600.
4. **Mana Murtii Jiraattota Biyya Alaa:** Akka marsariitii EOIR irratti ibsametti, **Dhimmootni jiraattota alaa kan warra hidhaa hin jirree hundi yeroo biraatiif darba,** kunimmoo maneen murtii dhimma kana ilaalan kudha tokko akka cufaman taasiseera (Seattle, Atlanta [Peachtree], Charlotte, Houston [Gessner], Louisville, Memphis, NYC [Federal Plaza & Broadway], Newark, Sacramento, Los Angeles [Olive]). Manni murtii warri kaan kan akka Bloomington, Minnesota **dhimmoota warra hidhaa keessa jiranii qofa** ilaaluudhaaf baamanii turu.

5. **Cufamuu Waajjira USCIS**: Bitootessa 18 irraa eegalee, waajjirri USCIS dameen waajjira isaatii, waajjirri dhimma baqattootaa fi ASCn facaatii vaayirasii koronaa (COVID-19) hir'isuudhaaf jecha abbootii dhimmaa qaamaan keessummeessuu yeroodhaaf dhaabanii jiru. Yoo waajjiraaleen cufamuun isaanii yeroon isaa dheerate irraa kan hafe waajjirri USCIS kun kan deebi'ee banamu Ebla 7 ta'a. haa ta'u malee, USCIS haalota baayyee murtaa'oo ta'aniif tajaajila yeroo hatattamaa ni kenna. Yoo beellama yeroo hatattamaa fudhachuu barbaadde USCIS Contact Center quunnami.
6. **Mana Hidhaa Jiraattota Biyya Alaa:** ICEn namoota qama seeraa irraa dhufaniif yoo ta'e malee warra hidhaman dhufanii ilaaluu yeroodhaaf dhaabeera. Warra qama seeraa irraa dhufaniif garuu ammayyuu banaadha.
7. **Baqattoota Qubachiisuu Yeroodhaaf Dhaabuu:** Aaf-yaa'iin ISteetii keenyaa dhiyeenya kana baqattoota Yuunaayited Isteetitti simachuun Kamisa, Bitootessa 19 irraa hanga Wiixata Ebila 6tti kan cufu ta'uu dubbatee ture. Roobii, Bitootessi 18 baqattoota simachuudhaaf guyyaa isa dhumaa ta'a.
8. **Dhorkaa Deemsaa:** - Bitootessa 13, 2020, Piresidentiin dhorkaa deemsaa isa duraan Chaayinaa fi Iraan qofa turetti biyyoota 26 naannoo Shengan keessa jiran dabaleera: Austria, Belgium, Czech Republic, Denmark, Estonia, Finland, France, Germany, Greece, Hungary, Iceland, Italy, Latvia, Liechtenstein, Lithuania, Luxembourg, Malta, Netherlands, Norway, Poland, Portugal, Slovakia, Slovenia, Spain, Sweden, ad Switzerland. Dhorkaan deemsaa kun biyyoota Chaayinaa, Iraanii fi warra naannoo Shengen sana irraa gara Yuunayitid Isteets seenuu barbaadan hunda kan dhorku yeroo ta'u warra guyyoota kudha 14n sana keessa ykn dura biyyoota kana irraa gara Yuunaayited Isteets seenan ykn seenuuf yaalaniif ilaalcha ni qabaata. Gadi fageenyaan Presidential Proclamation ilaali.

9. **Fooyya'insi kun yeroo hedduu jijjiiramuu mala. Kanaaf, odeeffannoo fooyya'an ilaaluudhaaf deddeebi'uudhaan marsariitii kanaa fi kan federaalaa isa olitti caqasame ilaalaa.**